Bitootessa 12, 2018

Addi Bilisummaa Oromoo ajjechaa gara-jabeenyaan Oromootaa nagaa irratti magaalaa Moyaalee keessatti rawwatame jabeessee balaaleffata

Addi Bilisummaa Oromoo (ABOn) ajjechaa gara-jabeenyaan ummata Oromoo nagaa humni waraana Itophiyaan Bitootessa 10 bara 2018 magaalaa Moyaalee keessatti rawwatame gad-fageenyaan balaalaleffata.

Guyyaa sana loltootni raayyaa waraana dhukaasa walirraa hin citne dhukaasuun namoota 13 battalumatti yeroo ajjeesan namoota meehsa waraanaa hin hidhatin kan biroo 50 ammoo, dhukaasa kana keessatti madeesaniiru. Namootni ajjeefamanii fi miidhamanis jireenyaa guyya guyyaa nagaadhaan kan geggeefataa turan, kaanneen keessattis dubbartootnii fi ijoollotni akka argaman mirakana.

Loltootni raayyaa waraana Itophiyaa hammenyaa ajjechaa fi ummata madeessuu qofa osoo hin ta'in Oromootni 50,000 ol ta'anis weerara hayyisa irraa kan ka'een qe'ee fi qabeenyaa isanii of duubatti hambisanii lubbusaanii baafachuuf gama daangaa Keniyaatti akka baqatan, ABOn yaaddoo guddaadhaan ilaala.

Mada madaa irratti akkuma jedhamu, warrii Wayyaanee gara-laafina tokko malee tarkaanfii ajjechaa erga fudhatanii booda dhumaatii Oromoota Moyaalee ilaalchisee waraanatu 'doggoggraan' rawwate jedhanii TV Itophiyaa irratti dhiheessuu isaaniitu nama dhiba. Dhugaan jiru garuu, ajjechaan kun ta'e jedhamee, karooraan, dirqamnii fi ajajni itti laatamee kan rawwatamee dha. Gochaan kun qaama tarsiimoo Wayyaaneen lafa kaawwatee fi ummata Oromoo lafarraa duguuguuf tarkaanfii fudhataa jirtu dha. Ummatni Oromoo naanno Moyaalee kun lafasa irraa loltoota gita bittuu Tigra'iin buqqaanii ar'atamaniiru. Lafaa fi biyya dhabeeyyii ta'un roorro jalatti kufaniiru. Laftii fi qabeenyaan isaanii namoota biraaf kennamuuf deema. Kun karoora balaa Wayyaaneen Oromoo dhabamsiisuuf hordoftuu dha.

Ji'oota murta'aniin dura, ummatni Oromoo miliyoona tokkoo ol ta'u keessoon qe'eesa irraa buqqa'ee laftii fi qabeenyansa Wayyaaneen deeggarame jala deemtota Somaleef laftisaa fi qabeenyansa laatamuunnis ni yaadatama. Oromotni buqqa'an kunis akka baqqattootaatti laakawamanii qubsuma bahaa fi kibba-bahaa keessa akka qubatan ta'e. Duguggaan sanyii fi sanyii baleessu waranaa Itopphiyaa fi 'Polisi Addaa' Somaleen Oromoo irratti rawwatame. Bakki qonnaa fi horii itti horsiifatanis humnan irraa fudhatame. Qee'ee fi qabeenyaan isaaniis Somalotaaf hirame. Haalumti wal fakkaatu irra-deddebi'ee daangaa Oromiyaa mara keessattis rawwatamaa jira.

Haala akkasii keessatti, Labsiin Yeroo Muddama labsame. Kaayyoon muddama kanaas Oromiyaa waraana humna gita bittuu Wayyaanee jala galchuuf akka ta'e ifaa dha. Dimshashumatti, kaayyoon labsichaa inni guddaan Oromiyaa humna waraanaatti gargaaramuun saamuu, dorsisuu, gidruu fi haamlee cabsuu dha.

Addi Bilisummaa Oromoo haala balaa akkasii xiinxaluu fi hubachuun sadarkaa biyyooleessatti humna Oromoo ga'eessa ta'e walitti qabuun gita bittuu ummata keenya irratti roorriftu of irraa ittisuu fi akkasumas Oromoo badii irraa hambisuuf kara hundaan dura dhaabbachuun barbaachisaa akka ta'e mirkaneeffateera.

Addi Bilisummaa Oromoo Gumiin Hayisa Mootummoota Walta'anii haala amma Itophiyaa keessatti adeemsifamaa jiru irratti ilaalcha dursaa kennee murtii dura dhaabbatnaa akka dabarsu, itti daballuunis akka haala deemaa jiru irratti qoratnoo hattatamaa adeemsisu, fi mootummaan Itopphiyaa akka duguggaa sanyii ummata Oromoo irratti raawwataa jiru irraa of qusatuuf, dhiibbaan barbachisu akka irratti fudhatamu gaafata. Qoratnoon boodas dhuunfaanis ta'e, gartuun akkasumas akka mootummaatti namootni ajjechaa kanas ta'e kan bira irratti qooda fudhatan seera fulduratti akka dhihaatan gad-jabeessee gaafata.

Maayyii irratti, ABOn kan inni irra deddeebi'ee yaadachiisuu barbaadu Wayyaaneen umuriin aangoo ishee gabbabbachaa deemuu hubachuu dha. Abba biyyaa handhura biyyaa isaa keessa qubatanii dorsisuun, itti rorrisuun dhaabbachuu qaba. Dhiigaa dhangalaa jiruu fi dhangala'uufis deemu, akkasumas nagenya nannoo gaanfa Afrika keesatti boora'uuf jiruuf itti gaafatamummaan kan Wayyaanee qofa akka ta'e dursa hubatamuu qaba jetna.

Oromiyaan Ni Bilisoomti!

Adda Bilisummaa Oromoo